

GAAFFIWWAN IRRA DEDDEEBI'INNAN GAAFATAMAN

1. Yeroo attattamaa COVID-19fi eegumsi warra mana kireeyifataniifi nijiraa?

- Eeguumsi dhorkaa loogii karaa mana hundi yeroo attattamaa kana keessa jiruu irra nio'ola. Yoo loogiin karaa manaa narra gaeeraa jettee yaadde (651)266-8966 bilbilii ykn email hrightscomplaints@ci.stpaul.mn.us Kanaan iyyadhu
- Minnesota keessatti mana keessaa buqqa'uun ykn Caamsaa 4, 2020 kaassee murtee seeraa booda manaa ari'amuun hafeera. Kun jechuun yeroo attattamaa kana abbaan manaa seera Minn. Stat. 504B 171 91) irra kan hafe seeraan nama buqqissuu hindanda'uu. Seerii kun nama yakka hojjete ykn nama nagaa nambiraa booresuu hingargaaru..
- Yoo mana keessa buqqa'uufi sodaan sira ga'eera ta'e Abbaa Allangaa Minnesota tti iyyanno galchuun akka isaan abbaa manichaa qunnaman gochuu nidandeessa.

2. Anni nama sababii COVID -19 irraa kaen galii yookiin jiruu dhabeedha.

Namootta mana kireeyifataniif kiraa manaa kaffaluufi qarqaarsii maalaqaa nijiraa?

- Moottummaan jiraattottaafi akka qarqaarssi maalaqaa kennamuufi seera baseera.
- Minnesotaan yeroo attattamaa kana gargarsi jiru-dhabeeyiifi kennamu akka itti fufu godheera.
- Tarreeffama mada gargaarssaa jiraniifi Mar-Sarriity Magalaa do'adhu.

3. Abbaan mana sababii anii kiraa manaa kaffaluu dadhabeefi manaa nabaasuu nidanda'aa?

- Hindaanda'u. Yoo sababii COVID-19 irraa ka'een jiruu dhabdeetta ta'ee akka kiraa mana yeroo jiruu arggattu ykn gargaarsa jiru-dhabeeyiifii mallu arggattu kaffaluufi abbaa manichaa gaafadhu. Qabiyyee waliigalteefi xalayaa ykn email ergittee gafachuu nidandeessa.
- Yoo mana ummattaafi malu ykn mana kiraan issaa gadibu'aa keessa ykn Section 8 Voucher ttin kiraa manaa kaffalaa ta'ee akka galiin kee jijjiramee bulchiinsatti gabaassi.
- Yoo kiraa mana kaffaluu nidandeesaa ta'ee akka hinkkaffaleefi dhiifamni hinjiru.

4. Haalii manaa buqqa'iinsa kooti hirkkatee jira, amma maalttu ta'aa?

- Akka Ajjajja Ol'aanaa Bulchaa #20-14tti yoo haalli kee seeraa Minn. Stat. 540Bn wal'argatta ta'ee mallee abbaan mana mana keessa sibuqqissu hindandaauu. Seeriichi kan ilaaluu yakka hojjechuufi ykn jiraattotta biraa irratti midhaa nageenyaa cimaa yoo geessifteedha.
- Akeekkachiisii mana murtee siga'uu qaba. Odeeffannoo mana murteesii (651)266-8266 bilbiltee wa'ee ke qorachuu nidandeessa.

- 5. Waliigalteen kiraa manaa dura ji'aarratti yoo raawwate maaltu ta'a?**
- Yeroo attattamaa kana yoo mana keessa bahu dadhabde abbaa manichaatti barreeffamaan himi. Akka Ajjajja Ol'aanaa Bulchaa # 20-14tti mana kireeyifatte keessa turuu nidandeessa.
- 6. Sabbaabii ani nama biyya biraa COVID-19n midhamee ta'eefi namitichi anni mana hira kireyifadhe kiraa mana naafi haromsuu didee manicha keessaa na'ariuu barbaada?**
- Atti nama biyya biraa COVID-19n midhaame sabbabbi taateefi abbaan manichaa mana keessaa sibbaasuu ykn akka biraatti siilaaluu hindanda'uu.
 - Seerii madaalaawaa manaa namootti sababii dhaloota biyya alaa ta'aniif akka loogiin irra hingeeagne eguumsa nigodha.
 - Yoo loogiin sabaabii dhaloota biyya alaa taateefii sira ga'ee (651)266-8966 bilbilii ykn hrightscomplaints@ci.stpaul.mn.us email godhi.
- 7. Sababii ani COVID-19 qabuufi manaa na'ariuun nidanda'amaa?**
- Hindanda'amu. Sababii atti COVID-19 qabduufi abbaan mana mana si'ariuun loogiidha.
 - Yoo manaa ari'aamtte lakka (651)266-8966 bilbilii ykn hrightscomplaint@ci.stpaul.mn.us godhii
- 8. Abbaan manaa tajaajila naraa dhaabuu nidanda'aa?**
- Hindanda'u. Yoo suphuuf ykn qajeelchuufi ykn nageegna kireeyifatoota biraa eeguuf ta'e malee tajaajila kee siraa dhaabuun hindanda'amu..
 - Yoo tajaajilii kee sirraa citeera ta'ee kubbaaniyyaa tajaajilicha kennu quunnamii akka tajaajilli siideebi'uu godhi
 - Yoo rakkoon tajaajila suphuu simudateera ta'ee lakkoofa (651)266-8989 bilbilii Department of safety and Inspection quunnami.
- 9. Sababii anii COVID-19 qaba jedhanii yaadaniifi miidhan ollootta koon ykn hojjatan nara ga'ee jira. Maal gochuun danda'a?**
- Barreeffamaan abbaa manichaa akka miidhaan sira ga'ee itti himi. Akka abbaan manaa miidhaa kireeyifatootaafii hojjataa sirraa dhaabu gaafadhu.
 - Abban manaa dhimma kana furuufi tarkaanfii fudhachuu qaba.
 - Yoo abban manaa tarkaanfii fudhachuu baatee midhaani itti fufe lakkoofsa (651)266-8966 bilbili ykn hrightscomplaint@ci.stpaul.mn.us email godhi.
- 10. Abbaan manaa namni mallatto COVID-19 qabuu hundi waajjiraa isaatti akka gabbaasu email erge. Kana gochuu nidanda'aa?**
- Akka kireeyifattaatti wayyee fayyaa keetti naman mari'achuun sirraa hineegamu.
- 11. Sababii COVID-19 irraa ka'een ijoolleen koo guyyaa guuttu mana keesa oolu. Olloonii koo ijoolleen wacuu ba'esani jedhanii abbaa manichaatti iyattan. Kanaafi abbaan manaa sababii waca ijoollee koof jedhee mana na'ariuu nidanda'a?**

- Seerii madalawaa manaa loogii maatii ijoolle irratti hunda'ee nidhorka.
- Yoo wacii suni barbachisaa mitti ykn walakeessa halkanii booda ta'ee waligalteen kira manaa waca olka'aa yoo nidhorka ta'e kun faallaa seera kiraa manaatti.

12. Nama mana keessatti na jeequu ykn nama ani waliin akka manaa hinbaanne ta'ettu Namiidha jira. Akkamiinan qarqaarsa argadha?

- Yoo mana keessatti jeeqamtta ykn miidhaa saalaattu sira ga'e ta'e 9-1-1 bilbilii.
- Tarii mana kiraa sana dhiiftee bahuu nidandeessa.
- Yoo qarqaarsa federaalaa manaafi ykn vouchera Section 8 argatta ta'e mana sanaa baattee bakka eegumsi siif kennamu kan akka Violence Against Women Act fi laffa buufata attattama galuu nidandeessa.

Yoo loogiin kara manaa nara ga'eera jettee amantte lakkoofsa (651)266-8966 bilbili ykn hrightscomplaints@ci.stpaul.mn.us email godhi.